**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v2i1.981**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):1-29**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Sabboonummaa Sansaka Oromummaan Masakame: Falmii Eenyummaa Asoosamoota Oromoo Filataman Keessatti

Lachiisaa Fayyeeraa[1*], Ashannaafii Balaay[2*], Ayyalaa Kabbadaa [3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Sansakni dhimma xiyyeeffannoo namfakkiifi namfakkeessuun asoosamoota Oromoo ittiin ibsaman keessaa tokko. Namfakkiileen asoosamoota Oromoo eenyummaa bakka bu'an akkuma qaban, falmiin eenyummaa taasisaniin sansaka Oromumummaafi sabboonummaa calaqqisiisan qabu. Kaayyoon qorannoo kanaa asoosamoota Oromoo filataman keessatti gahee sansakni Oromummaa falmii eenyummaaf gumaachu agarsiisuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf gosti qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaan ijaarame hojiirra kan oole ta'ee, ragaaleen madda jalqabaa asoosamoota filataman (Godaannis, Yoomi Laataa? Burreen Bifa Tokko Mitiifi Dibaa) keessaa, kanneen madda ragaa lammaffaa immoo qorannoowwan qabatamoo aadaa, siyaasaafi hawaasummaarraa firoomina hafeefi waldubbisaan waliqabaman galumsa hafeen xiinxalaman. Xiinxalli taasifame bu'uura yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartiin yemmuu ta'u, xiyyeeffannoon kan kenname waloomaafi waltarrummaa ilmoo namaa jidduufi ilmoo namaafi lafaati. Kunis, dhimmi ijoon waa'ee sarbama ilmoo namaa falmuufi waltarrummaan lafaafi sabaas akeekuufi. Ragaalee kanneen irraa argannoon qorannoo mul'atanis sabboonummaan Oromummaa sansaka Oromoon masakame kaayyoo falmii eenyummaan galmaan gahuu akeeke. Sansakni Oromummaan ijaarame ittigaafatamummaa dhalootaa bahuuf kutannoo akka qaban agarsiisa. Akkasumas, diddaa gabrummaa taasisuun dhaloota egeree horatu. Sabboontotni sansaka Oromoon masakaman dhiiraafi dubartiin kan qoodaman osoo hintaane, sansaka isaaniin murtaa'u. Haala kanaan waloomina dhiiraa dubartiinis, gaheen dhiiraafi dubartii asoosamoota kanneen keessatti waloominaan dhihaateera. Kun yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartiin mul'ateera. Namfakkiiwwan sansaka Oromoo falmuun dhimma dhuunfaaf jiraaatan dhumni isaanii badii ta'uun kallattii tarsiimoo falmii Oromoo akeeka. Yaadrimeen sansaka Oromoos addunyaalessummaarraa gara matayaatti ibsamuu akeeka. Faallaa kana yoo ta'e sansaka Oromoos ta'ee Afrikaanummaaf masaanuu ta'a. Asoosamoonni Oromoo karaa sansaka namfakkiin itti gaafatamummaan dhalootaa agarsiisuun sansakaafi ogbarruu waliin qorachuuf mijaa'ummaa qabaachuu agarsiisa.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 05-02-2024
Revised: 26-03-2024
Accepted: 15-05-2024

***Jechoota Ijoo:*** *asoosama, Oromummaa, sansaka, sabboonummaa, dachee-dubartii*

**Qorataa Muummee: Lachiisaa Fayyeeraa*

*E-mail: lachisifayi2016@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

**Seensa**

Dhimmoota yaadrimees ta'ee illeenya *(ideology)* walfalmisiisoo qaban keessaa sabboonummaan dirree tokko (Enoredia, 2017). Sababni falmii kanaa immoo tokko yaadrimeen dhimmoota sabboonummaaf bu'uura ta'anii kanneen akka sabummaa (nation)fi mootummaa (state) walxaxinsa qabaachuu isaaniiti. Karaa biraa, sabboonummaan eenyummaa namni dhuunfaan hawaasa keessatti qabu waan hammatuuf sansaka dhuunfaa, gitaafi sabaas dabalata. Haala kanaan sabboonummaafi sansakni walitti hidhata qabu. Sabboonummaan akka kallattii agarsiistuu saba tokkoo ta'etti, sabboonummaan Oromoos, Oromummaa waliin hidhata cimaa qabu. Asafa (2012) sabboonummaa aadaa Oromoo yaadrimeesseen imala dheeraa diddaa aadaa jabeessaa dhufeefi Oromummaan wiirtuu sabboonummaa aadaa Oromoo ta'uu ibsa. Sabbonummaafi Oromummaan hariiroo kallattii qabaachuun dhimma sansaka Oromummaas akka irraa hinfagaanne taasisa. Haalli kun sansaka qabsaa'otaafi gaaffileen belbeltuun sabaa karaa ogbarruu dhihaatu walunachiise.

Impaayera Itoophiyaa keessatti gaaffiin 'eenyummaa sabaa' sochii barattootaa 1960'oota keessa dubarree siyaasaa (political discourse) dhihaatef jabina guddaa laatera. Isaan keessaa walaloo gabaabduu Ibsaa Guutamaa, *"Itopiawiwu mann naw?" (Itoophiyaan eenyu?'') fi* barruu gabaabduun Waalellinyi Mokonnin gaaffii saboota Itoophiyaa keessa jiranii ibsite dhageettii guddaa horatte (Mekuria, 1996, Mohammed 1996). Haalli kun sabboonummaafi ogbarruun walitti hidhamuu isaanii agarsiisa. Gaaffiin kun humna sabboonummaa sabaa, caalattuu karaa sabboonummaa Oromootiif qooda guddaa baate. Barruun Waalellinyi, Sadaasa 17,1969 maxxanfamte, waggaa shantamaan boodas dhiibbaa uumuu gareen leellisanis ta'ee qeeqan ni amanu. Akka Mekuria (1996) jedhutti, yeroo sanatti "Itoophiyummaan" olbahee mul'atus, gaaffii sabootaa dhageessisuun falmiin eenyummaa sabaa dhimmarratti haasa'amu taasiseera. Haalli kunis, sochii barattootaa keessatti 'danoomni' akka bakka argatuufi 'garaagarummaa walii kabajuufi fudhachuun' jiraachuu akka qabu akeeke. Itti fufinsa qabsoo uumameefis gaaffileen sabaafi biyyaalessaa cimuun sabboontotni uumamanis hidhannoodhaan impaayera muddan. Keessattuu kibbaan Baale, Bahaan Ogaadeen, kaabaan Eertiraan hidhannoon falmaa turan. Waalellinyi hacuuccaa sabaa impaayeraan dhufeef furmaatni "marii hammataa" ("open discussion") ta'uufi sabboonummaan daandii

ta'uu akeeke. Haata'umalee, falmii kana dhageessisuuf ogbarruun Oromoos dhiibbaa tureen dagaaguu dhabuun danqaa ta'eera.

Ogbarruun Oromoo yeroo sanatti dagaaguu dhabus ogafaan muuxannoo yeroo sanaa agarsiisan ammallee akka madda ragaatti tajaajilaniru. Fakkeenyaaf, Oromoon Salaalee cunqursaa kana ittiin ibsataa turaniiru (Asafa, 2015). Ragaalee barreeffamaa yeroo sana bahan kanneen akka barruu Waalellinyiifi gaazexaan "Kana beektuu?" gaaffii eenyummaa sabaafi galma isaanii heeraa turaniiru (Asafa, 2007). Walaloon Ibsaa Guutamaa immoo caala miira namaa kakaaste. Haalli kun ogumaafi gaaffiin sabaa walitti hidhamuu agarsiisa. Karaan gaaffiin kun ittiin dhihaatuufi falmamu immoo 'sabboonummaa' ta'uu akeeke. Haala kanaan gaaffileen belbeltuun sabootaafi guddinni ogbarruufi sabboonummaa hidhata qabaachuu mirkaneessu. Qabiyyeedhaan immoo dhimma sabummaafi bakka jireenya isaa, lafa isaati.

Sabboonummaan illeenya ittiin hoogganamuufi ofiifis hordofu qaba. Qabatama Oromoon, Oromummaafi sabboonummaan hariiroo cimaa qabu. Guddinniifi hojiirra oolmaan Oromummaafi sabboonummaas gaaffilee belbeltuu Oromoo keessaa isaan ijoodha. Kana jechuun danqaawwan guddinaafi hojiirra oolmaa isaanii falmuun wiirtuu qabsoo Oromooti (Asafa, 2007). Oromummaan akka illeenyaafi aadaatti ibsama. Getmechu (1996) akka ibsetti Oromummaan aadaa keessatti kan hammatamuufi hariiroo namni tokko naannoo isaa waliin qaburraa dhufa. Kana jechuun beekumsiifi ittifayyadamni Oromoon tokko aadaasarratti qabu amma Oromummaa isaa agarsiisa. Kanaanis, Oromummaan aadaa, duudhaafi sirna amantaa Oromoo kan calaqqisiisudha. Sirni amantaa immoo yaada Wake (2018) 'Namummaa' waliin walqabisiiseen wal jabeessa. Namummaan safeeffannaa Oromoon tokko naannoo jireenyaafi namoota biroo waliin 'jiruufi jireenya" isaa keessatti qabuudha. Kanaanis, Namummaan Oromummaa keessatti akka calaqqisuu ibse. Karaa biraa beekumsa Oromoon yaraafi gaarii addaan ittiin baasu, safuu, waliin waldeeggara (Getmechu, 1996). Sabboonummaan namummaas qabaachuun "akkaafi akkamalee" adda baasuuf gargaara.

Asafa (2007) Oromummaa akka illeenyaafi aadaatti dhiheessa. Oromummaan akka aadaatti eenyummaa Oromoo kan ibsu yemmuu ta'u, akka illeenyaatti immoo kallattii Oromoon boru itti deemuufi kaleessa irraa dhufe seenessa. Kun immoo ibsa Abbas (2002) sabboonummaan Oromoo akka "mil'uu kaleessaafi raaga egeree" ibsuun wal utuba.

Jiruufi jireenyi hawaasaa aadaan qajeelfama. Aadaafi Oromummaan immoo Oromoo biratti dhimmoota adda bahan miti (Getmechu, 2005). Haala kanaan, sabboonummaa waliin waltarrummaa qabaachuu akeeka.

Sabboonummaan kallattii eenyummaan Oromoo ittiin ibsamuufi lola eenyummaa irratti dhufes ittiin falmamu, kaayyoo mirga sabaafi birmadummaa lafa dhalootaa eeguuti (Asafa, 2007). Hayyuun kun akka jedhutti, rakkoon Oromoo irratti tureefi ammas jiru kan dheerateef, "walqixa guddachuu dhabuu Oromummaafi sabboonummaa" irraa dhufuu amana. Kun kan agarsiisu, Oromummaafi sabboonummaan hariiroo waloo qabaachuu qofa osoo hintaane, akka aadaatti eenyummaa saba Oromoo ibsuun, akka illeenyaatti immoo karaa Oromoon ittiin deemaa dhufeefi egeree isaas akeeku ta'uudha. Kanaaf, qorannoo kana keessatti xiyyeeffannoo kan argate sansakni Oromummaan masakame falmii eenyummaa Oromoof gumaacha akkamii akka qabaateefi sabboonummaa akkamitti akka guddise agarsiisuuf yaalame. Asoosamoota Oromoo filataman keessatti karaa namfikkiifi namfakkeessuu, karaa seenessa dabarsaniifi qabiyyee hafeerraa gaheen sansakni sabboonummaa cimsuun falmii eenyummaaf taasifamuuf gumaache agarsiisuudha.

**Sansakaafi ogbarruu: Gahee Oromummaa ijaaruu keessatti qabu**

Sansakni duudhaafi ilaalcha addunyaa hawaasa tokkoo waliin walitti hidhata. Haala kanaan sansakni Afrikaanummaa duudhaa Afrikaanummaa irratti ijaarame. Akka Azibo (2018) hojii isaa (1992) heeruun akka ibsetti, sansakni Afrikaanummaa duudhaa isaanii irratti waan ijaaramuuf kan hincaccabne, damdamatuufi asilummaa qabudhasi. Bu'uurri duudhaa ganamaa Afrikaanummaa immoo sansaka hariiroo akkaa qabudha. Namni tokko garee hawaasaa isaa waliin hariiroo akkamii akka qabaatuufi eenyummaa dhuunfaa isaas akkamitti akka eegggatu agarsiisa.

Falaasamni hariiroo uumuu kanaaf fakkeenyi "*ubuntu"fi "namummaa"* isaan ijoodha. Akka Azibo (2018) Aristide (2011) heeruun ibsutti, …centered African "philosophy of Ubuntu [teaches] 'A person is a person through other human beings. A person becomes a person through the community. A person is [a] person when she/he treats others well". Akka falaasama Ubuntuutti namni nama kan ta'u karaa hawaasaa yookiin namoota birooti. Haala walfakkaatuun namummaanis falaasama hariiroo Oromoo ta'ee, hariiroo namni naannoo uumamaafi hawaasummaa, akkasumas uumaa waliin qabudha (Wake, 2018). Sansakni Afrikaanummaa wiirtessate

"Ani, nuyi" kan jedhu yemmuu ta'u dhimma walooti.

Faallaa kanaan sansakni Awuroomeerikaas ta'ee Awuro-eshiyaa dhuunfaaleeyyummaa wiirteffatullee sansaka Afrikaanummaa qeequun barreessu (Kambon and Reid, 2010). Kan Awurooppaanotaa immoo dhunfaaleessummaa ta'ee "Ani, koo, anaaf" kan jedhu qaba (Azibo,2018). Akka Kambon fi Reid (2010) ibsanitti qorannoon warra dhihaa jallinaan sansaka Afrikaanummaa ibseera. Afrikaanonni sansaka ofjibbuu, ammaa ol ofibsuu, garee isaanii irratti ilaalcha gadaantummaa qabaachuu, aariifi lolaan beekamuu, obsa dhabuu, gahumsa gadaanaa qabaachuu, barnootaa addaan kutuu, dandeettii ofii dhabuufi warren biroorraa garagalchuu, ofitti amanamummaa dhabuu, hawaasummaafi yakkaan saaxilamuu ibsuun eenyummaa uummata kanaa jallisan. Kaayyoon jallina kanaa guutummaa guutuutti gosagaloomuuf dhama'uu isaaniiti. Kunis, aadaa wiirtoma Awuuroomeerikaa keessatti madaqsuun eenyummaa isaanii gonfachiisuuf dhama'uufi aadaafi eenyummaa gurraachummaarraa gara Awuroomeerikaa dabsuudha. Yaada kana ibsuuf modeela Wiirtoma Awuroomeerikaafi Afrikaanummaa sobaa/fakkeessaan dhiheessu (Kambon, 1992). Haata'umalee, gurraachonni Afrikaa Ameerikaa akka warra adiin of ilaalanitti ofsuuressullee hindhabamu. Ta'us, warri adiin isaan bifa biraan hubatu. Isa kana "double-consciousness" ("waa lama dhabduu") gareen ta'an jiru (DuBois, 2009). Sansakni ergisaan kun eenyummaa gurraachotaa miidhuun hin oolu.

Rakkoolee sansaka afanfajjaa'uu kana maksuuf Kambon (2006) yaaxxina bakka bu'ummaa qabu hundeessuun sansaka Afrik-Ameerikaa (AA) dhimmoota gurguddoo lamaan agarsiiseera. Modeelli kun caasaa, jijjiiramaafi amala sansaka AA agarsiisuuf iddoo lamatti qooduun ibsu. Tokko dammaqinsa ofummaa Afrikaanummaa (African self-consciousness) yemmuu ta'u, lammatni daguu aadaa (cultural misorientation) dha. Akka Kambon fi Reid ibsanitti inni duraa sansaka gurraachummaa kan ibsudha. Dammaqinsi ofummaa Afrikaanummaa ruqoota gurguddoo afur qabu (Kambon fi Reid, 2010). Isaanis: eenyummaa waloo Afrikaatii hubachuun beekamtii kennuu, dursi jireenya Afrikaanummaaf kennamuu (sona, sirna amantaa, ofbeekumsa aadaa sanyii, guddina qajeelaa (positive development), inistiyuutota aadaa Afrikaa keessatti hirmaachuun ittifufsiisuufi humnoota farra gurraachummaa/Afrikaanummaa qolachuu danda'uu fa'i. Yaadni haayyota kanaa kan agarsiisu dammaqinsi Ofummaa

Afrikaanummaa eenyummaaa Afrikaanummaa beekuufi sansaka sana qabaachuu qofa osoo hintaane, itti fufsiisuufi kunuunsa qabaachuu agarsiisa.

Faallaa kanaan modelli sansaka AA ibsu kan biraa 'Daguu Aadaa' (CM) dha. Modeelli kun kan ibsu dadhabbina dammaqinsa Ofummaa Afrikaanummaa dhabuurraa dhufuu isaati. Akka Kambon fi Reid, (2010) jedhanitti, daguun aadaa ilaalcha addunyaa Afrikaa xiqqeessuun aadaafi jaarmiyaalee Awuroomeerikaatti madaquu filata. Gareen sansaka kana qaban aadaafi eenyummaa, akkasumas sansaka Afrikaanummaa immoo nidagatu. Haala jiruufi jireenya Awuroomeerikaaf amanamuun kan Afrikaanummaaf bakka dhabu.

Bu'uuruma kanaan gara Itoophiyaafi saboota biyyittii keessa jiran yoo mil'annu, akkuma koloniin Awurooppaanotaa Afrikaanota biroo irratti fe'e, koloniin keessoo Itoophiyaa keessa tures, sansaka saboota biroo miidhuun waan hafe miti. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e, dhimma Oromoofi oguma isaa karaa sansakaan yemmuu ilaallus, qeeqni sansaka madaqoofi tattaaffiin sansaka Oromoo qabachuufi itti fufsiisuuf yaalamu guddaadha. Qorannoowwan xinhawaasummaafi xinaadaa Oromoos dhimmoota kanneen ibsaniiru. Getmechu (1996) Oromummaa irraa ka'uun malli qorannoo ilaalcha keessoo addunyaa Oromoo irraa ka'uu dhabuun, aadaan Oromoo akka hinhubatamne taasisuu ibsa.

Akka seensa keessatti dhihaate duudhaafi aadaan Oromoo madda dammaqinsa Oromoo ta'uun ibsamee jira. Akka Kambon fi Reid (2010) ibsan hubannoon xiyyeeffannoo guddina Afrikaanummaa maddaafi anniisaa dammaqinsa ofummaa Afrikaanummati. Oromoofis aadaafi duudhaan, akkasumas afoolli Oromoo madda dammaqinsa Oromoo kan sabboonummaan Oromoo irraa dagaagedha. Akka Smith (2009) ruqoota fakkoomii aadaa shanan (raagamtaa, sona, duudhaa, fakkoomiifi yaadannoon) bu'uura sabboonummaa ta'an jedhu, Oromummaan Oromoos kanuma bu'uura godhachuu kallattii garaagaraan ibsameera (Asafa, 2007; Getmechu, 1996). Tesfaye (2019) qorannoo seenaa ogbarruu Oromoorratti taasiseenis, duudhaafi aadaan Oromoo madda sabboonummaafi dammaqinsa Oromoo ta'uu heereera. Ogumni Oromoo (ogafaaniifi ogbarruun) immoo caalatti akka guddatu taasisuu qorannoon agarsiiseera (Mekuria, 1996; Mohammed, 1996).

Oguma Oromoo keessattis kanneen barreessanis ta'ee dubbisan ija ilaalcha addunyaa Oromoon keessattuu, sansaka Oromoo agarsiisuufi qeequu irratti

xiyyeeffannoo akka kennamuu qabu Asafa (2009) ibseera. "Sansakaan, fedhiin, amalliifi kaayyoon jiruu-jireenya ilmee namaa aadaa inni keessatti guddatuun qajeelfama, bada ykn tola. Aadaan kamiyyuu amala tokko tokko waan deggeruuf in gabbisa, tumsa (nourish, stimulate), tokko tokko immoo inqoqqoba (inhabit), indhoksa (repress) ykn inhifata." (f.38). Yaadni kun kan agarsiisu sansakni Oromoos aadaafi duudhaa Oromoo keessaa bahee gara dammaqinsa Oromoo isa eenyummaafi sansaka Oromummaa qabutti fida jechuudha. Ruqoota sansaka Oromummaa kanas Asafa (2009) yemmuu tarreessu gamtaa, araara, qabbana, ilaafi ilaamee, nagaa, mareefi waliigaltee aadaan tumsama. Ruqootni kunneen immoo aadaa naannoo keessaa burqu.

Sansakni faallaa Oromummaa ta'e akkuma sansaka Afrikaa biroo keessatti modeela 'Daguu Aadaa' (cultural misorientation) agarsiifame, Oromoo birattis safuufi ceera dhabuun nimul'ata. Ayaan-ilaallattummaa, oftuulummaa, ofittummaa fa'i. Hawaasa keessatti gootummaafi jaalalli biyyaa guddisuun immoo sansaka Oromoorraa eegamuudha (Asafaa, 2009). Akka hayyuun kun sansaka dhuunfaafi waloo waliin akeekuun ibsutti, "ofii-ofii (individualself)fi "walii-ofii" (collective sense) mul'ata. Dubbiin kunis, falaasama "ubuntuu" isa "Anatu kana, nuyitu akkana" (we are, therefore, I am") jedhu qaba. Karaa biraa falaasama hariiroo 'namummaa' walmadaala (Wake, 2018).

Asafa (2021) sansaka Oromoo raagamtaa Booranaa kan ijoollee dhalatteef jedhamu fakkeenya godhachuun yemmuu ibsu "Lafaa waa bahi, namaa waa bahi, biyyaa waa bahi, gosaaf waa bahi, warraaf waa bahi, mataa waa bahi, dadhabdu lubbuu bahi" (f. 26). Kunis, intalaafi ilmi bahaan, sanyii gaariin akka itti fufu taasisuudha. Akka hafeen kun ilaalcha addunyaa Oromoo ibsutti sansakni Oromoo 'addunyaalessummaarraa gara matayaatti' gadi bu'a. Waan dhuunfaarra waan waloof dursa kenna. Namni dursa lafaaf, biyyaaf, gosaafi warraaf bu'aa buusuu qaba. Ofdanda'uun immoo dirqama. Kun akeektuu 'jireenya gamtoomaa' Oromoo waliin, waliif, waloon jirachuu agarsiisa. Jaalalli biyyummaafi sabummaas asirraa madda. Sansakni Oromoo kun namni dhuunfaan biyyaafi lammii isaaf akka waa bahutu irraa eegama. Yoo qaama biraaf waa bahu dadhabe immoo matuma ofii danda'uudha. Kun galma hin geenye taanaan du'aan bahuutu hafa. Sansakni kun karaa tokkoon hariiroo agarsiisa, karaa biraa jabina, gaarummaa, ilaafi ilaamee beekuu, safuufi ceera adda baasee dirqama irraa eegamu bahu akka qabu akeeka. Akka Wake (2018) ibsuttis, namummaan hariiroo namni uumaafi uumama

waliin taasisudha. Namummaan amala hawaasni nama tokkorraa eeguun guddachuufi hariiroo akkaa namni nama waliin, namni uumama biraafi uumaa waliin qabudha. Sansakni namummaa qabu “nama’ isa jedhamurraa kan adda isa taasisu gahee irraa eegamu bahuudha. Kun immoo hariiroo akkaafi akkamalee wal ibsa (Asafaa, 2020). Namummaan hariiroo akkaati. Sansakni Oromummaas hariiroo akkaa kana qabaachuu gaafata.

Oromoon sansaka Oromummaa qabu aadaafi beekumsa Oromoon jiraachuu yemmuu ta’u, kanneen aadaafi eenyummaa biraatti madaqan immoo faallaa kanaati (Getmechu, 2005). Oromoon aadaa, sirna amantaa, sirna siyaasaafi hawaasummaa ergisaa ta’etti madaquun Oromummaan akka haala walfakkaatuun hindagaagne ittiseera (Asafa, 2007). Akka qorataan kun bal’inaan ibsutti Oromoon ofta’uurra aadaafi eenyummaa “Habashaa” madaqfachuun Oromummaa akka dagatan taasisee jira. Haalli kun akka sansakni Oromoos dagatamu taasisa. Gareen akkanaa hawaasaafi hooggantoota sabichaa keessa jiru. Gareen hawaasaa kunneen of qofa jaalachuurraa kan ka’e dirqama ofii osoo hinbahiin qaamota biroorraa fayidaa eegu. Inni kun garee ofiif malee biyyaaf, lammiif, gosaafi warraaf illee waa hinbaanedha. Asafa (2007) inumayyuu sansakni faallaa Oromummaa kun hooggantoota hawaasaa tokko tokko bira jiraachuu qeeqa.

Akka Asafa (2007) jedhutti illeenya siyaasaa saba biraatti madaquun dhibdee tokko. Illeenyi siyaasa Oromoo Oromummaa bu’uura godhachuu qaba ture. Illeenyi siyaasaa qorataan kun ibsu duudhaa sirna Gadaan ijaaramuufi hariiroon hawaasaafi hooggantootaa jiraachuu qaba. Kana jechuun Oromummaan sona, duudhaafi sirna Oromoof dursa kennuudha. Kunis, dursa ofiif qofaaf jiraachuurraa gara biyyaaf, lammiif, sabaaf jiraachuutiin ‘walooma’ mirkaneessuuti. Faallaa kanaan fedhii dhuunfaatti cichuu, haala hubachuu dhabuu, karaa nagaafi dursanii rakkoof furmaata kennuu dhabuun faallaa sansaka Oromoo, Oromummaati. Akkasumas, rakkoon gamtaa cimaa ijaaruu dhabuu, ittigaafatamummaa dhabuu, gareen walqooduufi walaarsuu sansaka Oromoos ta’ee Afrikaanummaa olitti ibsamaniin waldhaba. Qabatama waraqaa kanaatiin ‘waltumsi ilmoo namaa’fi hariiroon namaafi lafaa akkamitti akka mul’atu akeeka. Caayaa Yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartiinis akka yaada handhuuraatti ‘waloomaafi waltarrummaa’ kana cimsa. Kanaaf, sansakni Oromummaa sabummaafi lafa isaas addaan baasee hinibsu. Sababni namni tokko biyyaaf waa bahuun

daangaa lafaa hanga sabummaaf iddoo kennuutti hubatama.

### Xinmalleeniifi Yaaxxina qorannichaa

### Malleen Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa sabboonummaan Oromoo sansakaan masakamuun yeroo garaagaraatti akkamitti akka dagaagaa dhufe agarsiisuuf yemmuu ta'u, kana galmaan gahuuf gosti qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaan ijaarame hojiirra ooleera. Tooftaa iddatteessuu akkayyoon asoosamoonni afur kan filataman ta'anii, hojiilee barreessitoota garaagaraa, bara garaagaraa maxxansaman, akkasumas qabiyyeefi seenessama dhiheessan ulaagaa ta'aniiru. Asoosamoonni kunneen: "Godaannisaa, Yoomi Laataa? Burreen Bifa Tokko Mitiifi Dibaa"dha. Ragaaleen madda jalqabaa qabiyyeefi seenessama asoosamootaarraa tooftaa ogbarrummaa akka namfakkiifi namfakkeessuu, bakkabuusaa, aguuggiifi fakkoomii hojiirra oolaniiru. Dabalataan, qabiyyeen hafee asoosamootaafi ragaaleen madda lammaffaa galumsa siyaas-hawaasummaafi aadaa qabaniin walitti firoomsuun xiinxalamaniiru. Kun immoo waldubbisni hafee asoosamaafi hafee siyaasaa, hawaasummaafi aadaa galumsaan akka xiinxalaman taasiseera. Adeemsiifi hojiirra oolmaan xiinxala taasifamees bu'uura yaaxxina qorannoo, Fakkoomii Dachee-Dubartii bu'uureffate. Xiyyeeffannoon isaas walooma ilmoo namaafi uumamaa, waltarrummaa namaa-namaafi namaa-lafaa agarsiisuuf oola. Waraqaa kana keessattis falmii kolonii keessatti qabsoon dhiiraa-dubartii sansaka isaaniin akka madaalaman malee koorniyaan adda hinqoodamne.

### Yaaxxina Qorannichaa: Yaaxxina Fakkoomii Dachee- Dubartii

Yaaxxinni Fakkoomii Dachee-Dubartii waa'ee miidhama namaafi naannoo uumamaa qabaachuun yaaxxina dubartummaaqe'ee (ecofeminism) kan walfakkaatu ta'ee, sadarkaa fakkoomiin dhimma namaafi lafaa karaa dacheefi dubartiin kan qoratuudha (Lachiisaafi kanneen biroo, 2023). Xiyyeefannoon isaa walooma namaa-namaa, namaafi uumama biroofi waltarrummaa namaa-namaafi namaa-lafaa wiirteffata. Kunis, karaa dacheefi dubartiin dhimma eenyummaa sabaa oguma keessatti qorachuuf oolchuufi. Haala kanaan sansakni namfakkiiwwanii asoosamoota Oromoo keessatti maal akka fakkaatuufi hariiroo isaan jidduu jiruun ta'iiwwan hawaas-siyaasaa raawwataman xiinxaluun bakka bu'ummaa hawaasummaa dhugaa keessatti maal akka ibsuuf dhihaatan agarsiisuuf gargaara. Kanaaf, qabatama waraqaa kanaan Yaaxxinni Fakkoomii Dachee- Dubartii sadarkaa fakkoomiin dubartiin akkamitti

dhaloota garaagaraa akka bakka bu'an, karaa dacheen immoo lafti dhaloonni kun irra jiraatu aadaa, seenaafi beekumsa isaa ibsuuf akka gargaaru agarsiisa. Sadarkaa hojiirra oolmaan dhimmi hariiroo murteessaadha. Hariiroo akkaan namfakkiiwwan jidduutti waanta tole, hariiroo akka hintaaneen immoo waanta bade agarsiisuun falmii eenyummaaf taasisamu keessatti ittigaafatamummaa namfakkiiwwanii agarsiisuuf gargaara.

Dacheefi Dubartii kan walfakkeessu fakkoomii hormaataa qabaachuu isaaniiti. Dubartiifi dacheen haadhummaafi hormaataan fakkeeffamuu qorannoon ni agarsiisa (Merchant, 1996; Kuwe,1997; Ostebo, 2009; Ashenafi, 2014, Dirribii, 2016). Waloomni Dacheefi dubartii immoo jalqabumaa 'raagamtaa uumamaa' keessatti mul'ateera. Merchant (1996) akka ibsiteetti dhimmi dubartii bu'uura hundeeffama yaaxxinaalee, keessattuu yaaxxinoota dhimma dubartummaaqe'eef hundee ta'eera. Gaayaan (gaia) duudhaa Giriikotaarraa, Hewaan yookaan Hawwaa *(Eve)* amantii Kiristaanummaa yookaan Islaamummaarraa, Hayisiis (Isis) seenaa Gibxiirraa fudhataman bu'uura ta'aniiru.

Gara qabatama Oromoottis yoo fidne "Uume Walaabu baate/ti" kan jedhu bu'uura kana qaba. Getmechu fi Anessa (2019) ilmoon namaa jalqabaa 'Walaabuu' bahuufi 'Horoo' namni jedhamu mil'uu Waaqaan nama lama ta'an. Raagamtaan kun walooma dhiiraafi dubartii ibsuu qofa osoo hintaane, caaslugni 'koorniyaa dhalaa' agarsiisu fakkoomii hormaataa ta'uu dubartootaas agarsiisa. Haalli kun dachee-dubartii waliin fakkoomsa. Asafa (2020) sabboonummaa oguma Oromoo keessatti 'Uume Walaabu baate/ti' yaadrimeesseen, hariiroo akkaa ilmoo namaafi uumama biroo jidduu jiru ibsuuf akka gargaaru agarsiisa.

Bu'uura kanaan Yaaxxinni Fakkoomii Dachee-Dubartii, aadaa Oromoo wiirteffachuun sabboonummaan Oromoo sansaka Oromoon akkamitti akka ijaaramu, sansaka Oromoorraa goruun rakkoo inni qabu akeeka. Qeeqa ogbarruu Oromoo keessattis karaa hariirootiin, fakkoomii, bakkabuusaa, aguuggiifi tooftaalee ogbarruu biroon dhimmi sabaa akkamitti akka qoratamuu danda'uu akeeka. Falmiin eenyummaa sabboonummaan raawwatu keessatti gaheen dubartiifi dhiiraan sansakaan akkamitti akka ibsamu agarsiisuun walqixxummaa koorniyaa aadaafi ogbarruu Oromoo keessa jiru agarsiisuuf, hanqina qeequuf gargaara.

**Dhiheessaa Ragaaleefi Argannoowwan**

**Falmii Eenyummaafi Sansaka Oromummaa: Walooma Dhalootaa**

Falmiiwwan eenyummaa Oromoo irratti taasifaman keessatti garaagarummaan illeenyaafi tarsiimoo jiraatus itti fufinsi qabsoo jira. Dhiibbaa aadaan siyaasaa Absiiniyaafi impaayerri isaanii fideen Oromoon illeenyaafi tarsiimoo tokkoon jiraachaa hinturre. Haata'umalee, sabboontotni Oromoo tokko tokko aarsaa kanfaluun dhimma Oromoon qabsaa'anii sabboonummaa Oromoos olkaasaniiru (Asafa, 2007). Xiinxala kana keessattis sansaka namfakkiiwwaniirraa Oromummaan akkamitti akka calaqqisuufi faallaan isaas uumamee dhiibbaa fide agarsiisuufi.

Sansaka Oromummaa bu'uureffachuun falmii eenyummaa Oromoo tiksuun asoosama "Yoomi Laataa? (YL)"fi "Dibaa" keessatti karaa qabiyyeefi seenessamaan mul'ateera. Kana galmaan gahufis namfakkiiwwan dhaloota garaagaraa sansaka falmii eenyummaaf ofkennaniin ijaarameera. "YL" keessatti Sandaabaa, Yaadannoo, Jaarraa, Walabummaa dhalootaan, Waariyoo, Sintolinnaafi Fiqir immoo karaa gaa'elaan maatii ta'anii falma taasisaa turan. Walabummaan dhaloota isaa gabrummaa osoo hintaane, diddaa gabrummaa dhaalchisuun eegale. Akka seenessamni asoosamichaa ibsutti Walabummaan lola Oromoon Ituu-Humbanaa Minilik waliin Calanqootti taasise keessatti hirmaachuun wareegame. Haati warraan isaa, Aaddee Taliileen qofummaatti hafte. Haata'umalee, ilmi Walabummaa, Jaarraan, barii injifatamuu waan dhalateef diddaa gabrummaa taasisuuf humna hingodhanne. Gabrummaa Giraazmaachi Abarraa jalatti guddate. Haala kanaan sirna Minilik jalatti Oromoon gabrummaatti akkamitti akka kufe seenessame. Seenessaan akka ibsetti Jaarraan dubartii sadii fuudhee ishee dhumaarraa ilmoo tokko, Yaadannoo godhate. Asitti seenessi kun iddoo gabrummaan jirutti sirni jiraachuu dhabuu akeekuuf waa'ee gaa'elaafi maqaa dubartoota Jaarraan fuudheellee dhokse. Dhaloonni Jaarraas kan ijaarsa hinqabne, waloon diina jala dhaabachuu hanqachuu qubaqabsiise.

Haala walfakkaatuun itti fufinsi gabrummaa dhaloota itti aanuttis dhufe. Ilmi Jaarraa, Yaadannoonis gabrummaa Qanyaazmach Gizaachoo jala ture. Haata'umalee, dhaloonni kun gabrummaa kana itti hinfufsiisne. Qanyaazmach Gizaachoon seeramaleessummaafi dirqiin Sintolinnaa waliin osoo ciisuu argee, diina isaa kanas isheerratti ajjeesee dirree qabsootti makame. Karaa namfakkii kanaan kan ibsame weerara impaayerri saba Oromoo irratti taasisaa tureefi

diddaa Oromooti. Yaadannoon jireenya isaa guutuu sirnoota Oromoofi saboota biroo darbaa dabarsaan cunqursaa ture falmaa ture. Dhaloonni Walabummaan sirna Minilik, kan Yaadannoo immoo Sirna Gonfoo H/Sillaaseefi Dargiis falmuuf bosona seenee jira. Ilmi isaa, Sandaabaanis akkasuma sirna Dargii kuffisuu danda'eera.

Seenessi asoosamaa kun 'sansaka diddaa gabrummaa' waldhaalchisuu Oromoo ibsa. Akkuma cunqursitootni aadaa gabroomsuu waldhaalchisan, diddaan gabrummaas sansaka sabboonummaan masakameen ijaarame. Yaadannoon ilmisaa Sandaabaan sansaka Oromoo akka qabaatu ijoollummaan keessatti biqilche. Guyyaa diina isaa ajjeesee bosona deemu kan dhaameefii biraa deeme, "Yaa ilma koo, ilma lammii kee dagabaastu ta'i. Lafa Abbaa, Akaakayyuu, Akaakileefi Abaabayyuu kiyyaa nadhaaluun isaanii itti xinnaannaan haadha warraa kiyya osoo ijji kiyya ilaaluu na dhaalaa? Kanaa manna du'a naaf wayya" (Isaayyaas, 2010, f.13*)*.

Waraabbiin kun waan lama akeeka. Tokko, hariiroo dhaloota jidduu mirkaneessuu yemmuu ta'u, inni lammataa sansaka gabrummaa falmu, Oromummaan masakame agarsiisa. Yaadannoon ilmi isaa, kan 'lammii' akka ta'u dhaameefi. Kun dursa biyyaaf jiraachuu qubaqbsiisa. Dhaamsi Yaadannoon ilma isaaf taasise kun karaa sandaabaa ergaa dhalootaaf darbe ibsa. Tarsiimoon qabsoo yeroo kanaas 'falmii hidhannoof' ofqopheessuu waanta'eef, wareegamaan "biyyaaf, lammiif waa bahu" dhugoomse. Yaadannoon haala kanaan falmii eenyummaaf bahee, sirni Abbaa lafaas kufee lafti qonnaan bulaaf akka deebi'u taasise. Kun kan akeeku sirnoota garaagaraa keessatti falmiin eenyummaa Oromoo sabboonummaan ijaarame bu'aa buusuu isaati. Haala kanaan kufaatii mootii Gonfoo booda lafti qonnaan bulaaf deebi'ee, mirgi ijaaramuu mul'ate.

Seenessama asoosamichaa itti fufeen Yaadannoon Sirna Dargii keessattis qonnaan bultoota gurmeessuun hojii yoo eegalu eenyummaa isaaf sarbamee si'a lammataaf gara falmii eenyummaatti deebi'e. Karaa namfakkii kanaan kan ibsame sirna kana keessatti mirgi siyaasaa, kan eenyummaa ofiifi qabeenya ofiin jiraachuu dhabamuun qabsoo boqonnaa biraaf dirqamsiisuu akeeka. Haalli kun sabboontotni sansaka Oromoo gonfatan akka qabsoo itti fufan taasise. Sansakni Yaadannoos kan akaakayyuu (Walabummaa)fi akkoo isaa (Taliilee) irraa dhaaledha. Abbaan isaa Jaarraanis garbicha nafxanyoota Minilik ta'uun lafa isaarratti keessummaa ta'e. Kun kan akeeku dhaloota jidduutti ijaarsi jiraachuun daandii bilisummaa ta'uudha.

Yaadannoon garuu diddaa gabrummaa ilmoo isaa dhaalchise. Sandaabaanis Alkitiliifi Alkumaatti dabarse.

Kanarraa kan hubatamu sansakni Oromoo falmiin eenyummaa Oromoo hanga galma gahutti abbaa/haadha-intalaa/ilmatti dabarsuudha. Falmitootni kunis, dhimma dhuunfaa caala dhimma waloof, fayidaa dhuunfaa caala sabaaf warreen dhaabbatan ta'uu agarsiisa. Dubbiin Jeneraal Waaqoo Guutuu, "Dandeenyu gabrummaa iddaan buqqifna; dadhabnu ilmoo itti guddisna" jedhan qabiyyee hafee kanaan mirkanaa'a. Ijaarsi namfakkiiwwan asoosama kanaa sansaka Oromoo warra, ilmaaniifi akkoo/akaakayyuun falmii eenyummaa walitti dabarsaniidha. Kun immoo dhaloonni sadii (lufe, ammaafi dhufu) hariiroo akkaa waliin akka qabaatu taasisa.

Sandaabaanis, sirna Mootii Gonfoo H/Sillaasee keessatti dhalatee gabrummaan guddatus, dhaamsi abbaa isaa isa keessatti guddatee gara falmii eenyummaatti seene. Akka seenessaa xiyyeeffataan ibsetti Sandaabaan barataa Kolleejjii ta'ee sirna Dargiif 'duula wallaalummaa balleessuuf' yoo deemu hojiin isaa eenyummaa Oromoo ijaaruu ture. Maatii isaafi ijoollee isaa dhiisee falmii karaa nagaarraa gara hidhannootti seene. Yeroo kanatti dirqamni ijoollee guddisuu haadha warraa isaa, Fiqiritti kenname. Fiqir danqaawwan jiran waliin ittigaafatamummaa ijoollee guddisuu, hawaasummaa keessatti diddaa taasisuu itti fufte. Kanaanis, namni sansakaan malee koorniyaan akka hinmadaalamneefi waloomni 'dhiiraa-dubartiis' mul'ateera. Karaa biraa, hariiroo gaa'elaan maatiin ijaarame diddaa gabrummaa kana itti fufsiisuu danda'uun tokkummaa Oromoo keessa jiru agarsiisa.

Hariiroon gaa'ela walooma Oromoo keessa jiru agarsiisa. Fiqir, Waariyoofi Sintolinnaan hariiroo Oromummaan walitti dhufan. Haalli kun walooma uummataafi sabboontotaa tures akeekee jira. Waariyoon dhalataa Booranaa, Sintolinnaan Ituu-Humbanaa, Fiqir immoo Tuulamaafi haadhaan saba Amaaraa irraa dhalatte. Isaan kun gaa'elaan maatii hidda Walabummaa ta'an. Hariiroo gaa'elaan qofaa osoo hintaane, kaayyoo waloos qabu. Haala kanaan dhiiraafi dubartiin, Oromoo kallattii addaa addaa dhufeen waloomni uumame. Namootni kunneen kallattiin qabsoo waraanaan raawwatutti hirmaachuu baatanis, deeggarsa akka akkaa taasisaa turan.

Akka Asafa (2007) ibsetti, Oromoon sabboonummaa qabu diddaa gabrummaa beekumsaan, maallaqaafi hirmaannaan deeggaraa ture. Haalli kun guddina qabsoo Oromoof waamichi sabboontotaafi

owwaannaan uummataa ture ibsa. Keessattuu diddaa sirna Dargii irratti taasifamerraa eegalee ta'iin kun mul'ateera. Kunis, tokko sabboontotni qaamaan uummaticha arguufi ijaaruu waan danda'aniifi. Inni lammataa, rakkoo uummataa ijaan arguu isaaniiti. Sabboontotni fedhiifi fayidaa dhuunfaa isaanii dhiisuun Oromummaa isaaniif falman kunneen sansaka Oromoo qabaachuu akeeka. Isaan kun sansaka dhugaa dhaloota darberraa dhaaluun lubbuu isaaniifi kan maatii isaaniillee balaaf saaxiluun falmii eenyummaaf warra bahan ta'uu mul'isa.

Namootni sansaka Oromummaa qaban enyummaa Oromoo cimsuuf hariiroo dhaloota jidduutti jabeessu. Akka seenessamarraa hubatamu Waariyoon sansaka Oromoo beekumsa aadaa, siyaasaafi hawaasummaan gabbate qaba. Sintolinnaafi Fiqir, akka dammaqinsa qabaatan taasiseera. Caalattuu, Fiqir dammaqinsa eenyummaa qabaachuu hanga falmituu ta'uutti akka ceetu taasiseera. Akkasumas, Sandaabaan abbaa malee Raas Geetawu biratti guddate akka eenyummaa isaa beeku taasiseera. Falmii karaa nagaanis Raas Geetawun falmii beekamtii eenyummaa (Afaan Oromoo afaan tokko akka ta'e, Oromoon uummata jeebanaa aadaafi duudhaa ganamaa qabu) ta'uu ibsa. Sintolinnaanis, haala walfakkaatuun sirna koloneeffataa keessatti tooftaa dandamannaa (Asafa, 2015) fayyadamuun Sandaabaafi Fiqir, akkasumas ijoollee ishee cimsite.

Sansakni Oromummaa irratti ijaarame kunneen koorniyaa lamaaniinuu falmii eenyummaa Oromoo taasisuun aarsaa guddaa kanfalan. Akkuma dubartoota Afrikaa biroo dubartootni Oromoo miidhaa dachaa irra jiru keessa eenyummaa isaaniif akka falman ta'aniiru. Hawani fi Kesim (1996) Seenaa Hawwanii Dabalaa keessaatti akka ibsanitti miidhaa dubartootaa mul'ateera. Haala walfakkaatuun dubartoota Oromoorra miidhamni dachaa karaa siyaas-hawaasummaan sirnoota cunqursaan irra gahuu hojiin Kuwee ni agarsiisa (Kuwee, 1997). Fiqiris ta'ee Siintolinnaan, akkasumas ilmaan Siintolinnaa lamaanuu (Obsaafi Obsineen) dararama walfakkaatuuf dirqamanii dhuma irratti mo'achuun bahaniiru. Haata'umalee, akka falmitootni dhimma dubartummaa komatan, hammi gahee dubartootaa hindubbatamne. Dubartoota Oromoofis dhugaan kun jira. Teshoma (2013) komii Kuwe (1998) akka ibsetti, dubartootni Oromoo qabsoo keessattis ta'ee hawaasummaa keessatti gahee cimaa qabaatanis, waa'een isaanii hinhimamne. Egaa, sansakni Oromummaa gonfate kun fedhiifi fayidaa dhuunfaa caalaa sabaaf, jaalala biyyaaf,

dhaloota egereef falmuun eenyummaa Oromoo akka dhalootaa dhalootatti darbu taasisan. Kun immoo koorniyaa lamaanuun mul'ateera. Karaa kanaanis, sabboonummaan Oromoo walqixxummaa koorniyaaf bakka guddaa kennuu agarsiisa. Waloomniifi waltarrummaan ilmoo namaa jidduu jirus mul'ateera.

Faallaa kanaan sansakni cunqursitootaa, kanneen eenyummaan Oromoo dhabamsiisuufi karaa hinmalleen yookiin qajeelaa hintaanee(negatively) Oromoo ibsaa turan, eenyummaa Oromoo tuffatan falmii sabboonummaa Oromoon kufuun latinsi dhaloota isaanii dhaabbate. Qanyaazmach Gezaachoon Yaadannoodhaan lubbuu isaa dhabeera. Harka Fiqiriifi Obsineettis *kaadiroonni* Dargii dhumaniiru. *Raas* Geetawunis yaaliin Siintolinnaa harka keessa galfachuu qabaatus, dhuma irratti 'maseenuun' ilmoo malee hafee, lubbuun isaafi sirna isaas badeera. Kun kan agarsiisu falmii eenyummaa Oromoon eenyummaan dhalootaafi kabajni isaanii eegameera, eegamas. Dhalootni akaak-abaabilee torbaa seeraafi seenaa, eenyummaa isaa dhiigaan tiksu mirkaneessa. Dhaloota jidduuttis hariiroo akkaa jabeessa.

Asoosama "Dibaa" keessattis sansakni Oromoo, Oromummaa wiirteffateefi isa falmu karaa hariiroo namfakkiiwwan jidduu jiruun mul'ateera. Namfakkiiwwan akka Aayyaa, Leencoo, Dr Gadaa, Inj Roorrisaa, Dhibbalaa Daandii, Jen. Urgeessaa, Foozii, Leeylaa, Daaroo sansaka Oromummaa kan aadaa Oromoofi sabboonummaa siyaasaa Oromiyaa bilisa taate arguuf falmii taasisaniidha. Kanneen keessaa sansakni Aayyaa fakkeenyummaa qaba. Sababni isaa Aayyaan namfakkiiwwan kunneen qabsoo gamaagamana dhaabbatanii taasisan dhiisuun gara mooraa tokkootti akka dhufaniif gahee olaanaa baheera.

Aayyaan sansaka haadhummaa, abbummaa, gorsaa, hayyuu, beekaafi obsaa qaba. Maqaan qabsoo isaa Jaal Kallacha, kan dhalootaa immoo Melbaa Guyyooti. Maqaan masoo kun sansaka isaarraa akka kennameef seenessaan ibseera. Kunis, Aayyaan haadha. Haati immoo hunda danda'uun, garabal'uma, obsuun, gorsuun amala garaagaraa dandeessi. Aayyaanis akkasuma namoota sansakaafi fedhii garaagaraa qaban, bilchina garaagaraa qaban hooggana, qajeelcha. Gahumsiwwan kunneen maqaa "Aayyaa" kennisiiseef. Amala haxxummaa isaanis sansaka dubartootaa qaba. Akkasumas, hariiroon inni qaamota waliin hojjatu waliin qabu abbummaafi ilmooma. Kanaaf akka haadhaafi abbaatti isa ilaalu, maqaa kanas kennaniif. Amala tasgabbiin yaaduu, maryachuu, dursee rakkoodhufu malu hambisuu, wal hammachuufi walshakkuu

dhabamsiisuu, dursee yaada namaa hubachuu, maltee qabsoo gadifageenyaan beekuu qaba. Kun amala sansaka Afrikaanummaati (Kambon fi Reid, 2010).

Akka seenessamarraa hubatamu, Aayyaan dhimmoota gurguddoo lamaan beekama: "Lagni lafaaf malee lafeef daangaa hinta'u"fi "Shakkiin waanlabata ammaa miidhe", "Labatni ammaas waan irraa ka'u dhabeetu akka bishaan gabatee ta'e" (Yaasoo, 2015, f.46). Inni duraa seenaan dhaloota Oromoo jidduu jiru eenyummaawwan xixiqqoon (amantii, naannummaa) kan hindaangofne, Oromoon seenaafi yaadannoo waloo qabaachuu cimsuudha. Dhimmi lammataa, hariiroo dhaloota garaagaraa uumuuf abjoota. Kanarraa kan ka'e namoota gulantaa garaagaraa waliin hariiroo akkaa uuma. Dhalonni ammaa aadaa ogumaan hojjachuufi yaaduu dhaloota darbee horatee icciitii Oromon baraan eegee asiin gahetti dhimma bahu qaba jechuun amana. Kanaaf, immoo akkaataa Oromoon jiruufi jireenya isaa itti raawwachaa ture ka'umsa godhachuun barbaachisaa ta'uu amana. Kunis, kan akeeku sansakni Oromummaa 'jiruufi jireenya' aadaa Oromoon ijaarames dabalachuu agarsiisa. Sansaka qajeelummaa (positive) Oromoo keessaa yeroo hunda yaada namootaa sirreessuufi karaa fooyyee qaba jedhuun hubata. Dhaloonni amma jiru dhaloota dhufuuf dirqama bu'uura kaa'uu akka qabu akeeka. Kanarraa kan ka'e walshakkuun, walhamachuun dhaloota jidduu akka badu, dhaloonni dhufu "waan irraa ka'u" akka qabaatu gorsa (Yaasoo, 2015, f.48).

Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan dhaloota horachuudha. Dhaloonni kun aadaa Oromoo Oromummaarratti ijaarame beekee itti fayyadamuu qabaachuu akka qabuuf falma. Dhaloonni kaayyoo kana galmaan gahe dhaloota boru gabrummaa kamuu baachuu hindandeenye ta'a. Yoo kun galma hingeenye dhaloota sodaatu, walshakku, walhamatu, walqoodu fida. Kanarraa kan ka'e "lagni lafaaf malee lafeef" daangaa akka hintaane dubbata. Kanaanis walooma sabummaa mirkaneesseera. Dhaloonni ilaafi ilaameen ijaarame sansaka sabboonummaan masakame akka qabaatu akeeka.

### Sansaka Sabboonummaa Oromummaa: Hariiroo kaayyoofi Galma Waloo

Waloomni sabummaafi sansakni addunyaalessummaaf biyyaalessummaa Oromoo falmii qofaaf osoo hintaane, galma waloofis hojjata. "Dibaa" keessatti hariiroon falmitootaa, "Godaannisa" keessatti hariiroon maatii Soolan Disaasaa, "Yoomi Laataa?" keessatti qabsoon Walubummaafi Taliilee, hanga Sandaabaatti fulla'e, Hariiroon

Waariyoo, Sintolinnaafi Fiqir, "Burreen Bifa Tokko Miti" keessatti falmiin Obboo Ganamoon ilma isaatti dabarse walooma sabummaati. Waloomni kun immoo falmii eenyummaaf hidhannoo sansaka Oromummaa gonfachuun milkaa'a. Dhaloonni akaakilee-abaabileen diddaa walirraa dhaale gabrummaa seenaa gochuun bilisummaatti dhaloota haaraa fida. Sansaka Oromummaan yoo hinmasakamne garuu eenyummaa burjaaja'een dhaloonni addaan faca'a. Gabrummaan itti fufa. Hafeefi seenessamni asoosamoota kanaa eenyummaa waloo cimsuun sansaka Oromummaan gabrummaa namaa-lafaa falmuun dhalootaafi lafasaa bilisa baasa.

Dhugoominni sansaka sabbonummaa Oromummaa kaayyoo galma waloo milkeessa. Akka Asafa (2007) ibsetti, Oromummaan yoo hin jiraanne kaayyoon yaadamus galma hinga'u. Kanaaf, jaataniin 'addunyaalessaafi biyyaalessaa' jiraachuu qaba. Akka mataduree olitti kaasne, sabboonummaa Oromoo dhimma lafaafi lafee- dhaloota jidduutti cancala Oromummaa jabeessuu, leencalloo isaa keessattuu, lafa isaa eeguuti. Dhaloonni lufe lafaafi lafee kaa'ee darbeera. Dhaloonni ammaa isa kana beekee dhaloota dhufuuf dabarsuuf dirqama qaba. Haala kanaan dhaloota lufe, ammaafi dhufu jidduu hariiroon lafaafi lafee walitti dabarsuu jiraachuu galma waloo geessisa.

Hafeefi seenessama namfakkiiwwaniin "Dibaa" keessatti kaayyoon kun ni abbalama. Kanarraa kan ka'e qabsoo keessatti galma waloo bira gahuuf dargaggoonni gara hooggansaatti akka dhufan hawwa. Leencoon qabsaa'ota gameeyyii akka Dr Gadaa, Inj Roorrisaa fa'iin akka gara hooggansaa dhufu, isaan hunduu Leencoo jalatti hiriiran ta'an. Hariiroon akkaa sabboonummaa Oromummaan ijaarame kaayyoo yaadame galmaan ga'uuf karaa bana. Galma waloo gahuuf malee barbaacha fayidaa dhuunfaaf hin roora'an. Kanneen roora'anis hanga dhumaatti hinfulla'an. Sansakni akkasii qooddii koorniyaa, naannummaafi amantii dhamsiisuun kaayyoo waloo galmaan gahuuf cicha.

Oromummaan mirkaneessituu walooma Oromooti. Iddoon Oromoon irratti walgahuufi tokkoomu Oromummaa qabaachuuni (Getmechu fi Anessa, 2019). Asafa (2007) akka ibsetti danqaan qabsoo Oromoo 'Oromummaa' walqixa guddate dhabuudha. Qabiyyeenis ta'ee seenessamni asoosama "Dibaa" dhimma kanaaf bakka kenna. Dhaloonni ammaa "Oromummaa" irraa ka'uu qaba (f.50). Oromummaan Afaan Oromoo, sansaka Oromoo, amantii, siyaasaafi bulchiinsa

Oromummaa ibsu ta'uu seenessarraa hubatama. Seenessaanis yaada Aayyaan sansaka Oromummaa dhaloota jidduutti uumuu hawwu ibseera. Daa'ima Oromoo tokko sobuun balfaa akka ta'e, sobaan kakachuun Waaqas ta'ee Oromoo biratti xuraawuu akka ofkeessaa qabu, tokkummaafi obbolummaan Oromoota gidduu jiraachuu qabu dirqama waan ta'eef namni san gochuu dhabe hawaasicha biratti gatii dhabeessa; icciitii warrakeenyaa dabarsanii kan diinaaf laatan yoomiyyuu taanaan sirnaafi seera Oromoo keessatti abaaramoodha (Yaasoo, 2015, f. 50)

Sansaka Oromummaa keessaa dhaloota guddisuu, hariiroon akkaa akka jiraatu gochuun dhimma ijoodha. Dhaloonni dhufu soba, hammeenya, waldhaba, waljibba, faffaca'uu akka hinbarre gochuun dirqama dhaloota ammaati. Kanamalees, icciitii dhalootni lufe dabarse (beekumsa, aadaa, waa'ee biyyaa) diinaaf osoo hinsaaxiliin akka eegu taasisuudha. Inni kun hanga birmadummaa biyyaatti fulla'a.

Haala kanaan dhaloonni ammaa falmii eenyummaa tiksee dhaloota dhufuuf dabarsu keessatti sansaka obsaa, ittigaafatamummaa bahu, seenaa akaak-abaabilee beekuufi eeguu, dhalootaaf fakkeenyummaa gaarii ta'utu irraa eegama. Ogumni Oromoos sabboonummaa sansaka Oromummaatiin ijaarameen falmii eenyummaa kana galmaan gaha. Oromummaan ka'umsaafi gahumsa falmii eenyummaa dhaloota ammaa, lufeefi dhufu jidduu jiru ta'uu agarsiisa.

Sansakni sadarkaa barnootaafi umuriinis osoo hintaane, cichooma kaayyoonis ni mul'ata. Asoosamuma "Dibaa" keessatti sansakni Leencoo kaayyoofi bu'aa kaayyoo beekuun falmii eenyummaa dhugoomsu qaba. "Kaayyoo malee hinjiraatiin; bu'aa malee hindu'iin!" (Yaasoo, 2015, f.1). Dubbiin kun kan namfakkii Leencoo yemmuu ta'u, qaamonni aangoo mootummaarra jiranis ta'ee warren falmanis dubbii jabaa namoota hunda biratti beekamu ta'uu quba qabu. Garaagarummaan siyaasaa qabaniif qaamonni isa falman dubbii fayidaa hinqabne yemmuu taasisan, kanneen isa deeggaran immoo akka "dhaadannoo" tti fudhatu. Kanarraa kan ka'e sansaka hayyuduree fudhatamummaa qabu horate. Leencoon hoogganaa qabsaa'onni dargaggoofi gameeyyiin waliin hojjachuu fedhaniidha. Kanaan waloomni hooggansa mul'achuun sansaka hooggantootarraa eegamu akeekuufi. Ogummaafi onnee qabsoo qabaachuu isaan eenyummaafi sansaka jaalatamu qaba. Egaa, dhimmi guddaan sansaka Leencoo kaayyoo qabaachuufi kaayyoo sanaaf jiraachuudha. Du'uun immoo erga bu'aa buusanii ta'uu amana. Kunis,

biyyaafi lammiif waa bahu agarsiisa. Falmii eenyummaa taasifamuun bu'aa buusuun yoo kaayyoon ifaan jiraatedha.

Akka Asafa (2007) hooggantoota Oromoo amala sansaka kanaa hinqabne qeeqe, addunyaan kun nama cimaa waan feetuuf sabniifi namni cime qofaan gabrummaa jalaa akka bahu ibsa. Kana gochuuf immoo ijaarsi jaarmiyaa uummata wiirteffate, dhaloota haaraa hirmaachise, tarsiimoon masakametu qabsoorra aana. Karoora tarsiimoon tumsame qabaachuu qabu. Hariiroon Leencoo, Dr. Gadaa, Aayyaa, Inj Roorrisaa, Dhibbalaa Daandii, Jen Urgessaa jidduu jirus sansaka Oromummaa kan waldeeggarsa wiirteffate kana ta'uu agarsiisa. Haala kanaan Leencoon umuriin dargaggeessa ta'us tarsiimoo isaa jalatti akka hiriiran isaan taasise.

Sabboonummaan sansaka Oromummaan masakame hariiroo koorniyaa jabeessa. Falmii eenyummaa taasisuuf gaheen dubartootaa olaanaa ta'uun "Dibaa" keessatti mul'atee jira. Akka seenessarraa hubatamutti namfakkiiwwwan akka Leeylaan, Fooziifi Daaroon dubartoota ogummaafi fedhii qabsoo falmii eenyummaa ijoollummaan gonfataniidha. Fooziifi Leeylaan hoogganssarra kan jiran yemmuu ta'u, ogummaa qabsoo teknooloojiin deeggaramee qabu. Beekumsa qoricha BAALABAA Dr Gadaafi itti fayyadama meeshaa geejibaa ODA555-2 irratti hubannoo gahaa qabu. Leeylaan kanarratti ogummaa konkolaachisummaa qabaachuu isheen Opireeshiinii Finfinneetti adeemsifameen ulfi ishee osoo daangessiin kaayyoo sana galmaan geesseetti. "Kaayyoo malee hinjiraatiin; bu'aa malee hindu'iin" Leencoos galmaan geesse. Ulfa kanaan osoo hindaaga'iin qabsoo taasisteenis, "ulfi kun yoo na waliin kaayyoo kana galmaan gahe ulfa ta'a, yoo hintaane, gatata" jechuun ishee tokko kutannoofi gahumsa dubartii akeeka, karaa biraa walitti hidhama dubartiifi dhalootaa agarsiistee jirti. Ulfi kun osoo dirree qabsoo hindeemiin walitti dhufeenya Leencoo waliin taasifteen kan uumame yemmuu ta'u, yaalii ulfa baasuu taasiftus Dr Gadaan safuu Oromoo cabsa jechuun didus qabsoof jecha ulfa baasuuf murteessite.

Haata'umalee, adeemsa qabsoo keessatti danqaan dhaloota jirutti dhufnaan dhaloota egeree fufsiisuuf murteessite. Kunis, sababa Leencoon qabamee hidhameef sanyiin Leencoo baduu hinqabu jechuun ulfichi osoo hinba'iin hafe. Yaaliin ulfa baasuu Leeylaa dhalootni egeree jiraachuuf kan ammaa jiraachuu akka qabu akeekuufi. Sababni riqichi dhaloota lufeefi dhufuu isa ammaati. Adeemsa Leencoofi kanneen biroo hidhaa baasuuf oppireeshiinii raawwate keessatti Leeylaan

ulfaan qabsichatti hirmaatte (Yaasoo, 2015, f.171). Kun egaa, falmii eenyummaa dhaloota sadii hirmaachisedha. Waloomni dhiiraa-dubartii sansaka Afrikaanummaafi Oromummaa ibsus mul’ateera. Karaa bakkabuusaan akka hubatamutti, Leencoon beekumsaafi kutannoo qabsoo dhiisee deemeef yookiin itti jiruuf, akka dhaloota lufeetti, Leeylaan akka dhaloota amma falmarra jiraniitti, ulfi ishee dhaloota egereeti.

Yaadni ijoon hubatamuu qabu ulfi gatatarraa adda bahu qofa osoo hintaane, namummaafi sansakni sadarkaa ulfaattis argamuu akeeka. Gatatni kan bade, milkaa’uu dhabedha. Kun fakkoomii sansaka Oromummaarraa maqeeti. Ulfi immoo akka namummaa qabutti ibsame. Ulfi sanska dubartii kan ‘wayyummaa’ isaanii agarsiisudhas. Dhiirri kabaja qabus ulfina dubartiin uumamaan qabdu argachuu isaati. Dubbiin “abalu nama miti” jedhu, namniifi namummaa gargar ta’uu agarsiisa. Kun immoo dhimma sansakaati. Garaagarummaan ulfaafi gatataas kanuma. Ulfi namaafi abdii egerees yemmuu ta’u, gatatni du’aa, kan fayidaa hinqabne ta’uun mul’ateera. Haala kanaan falmiin eenyummaa Oromoo sansaka Oromoon dhalootaa gara dhalootaatti lufaa, dhufaa asgahe. Kun immoo kaayyoo taliila dhalootaa gara dhalootaatti qaxxaamuru qabaachuudhaani.

Addatti sansakni namfakkii Daaroo dhimma falmii dubartoota Oromoo akeekeera. Akka seenessi asoosamichaa ibsutti Daaroon ijoollummaa kaastee Jaal Kitilaa waliin guddatte. Kitilaan qabsoof jecha ofkennee, nama umurii kudha sadii hanga jaarsummaatti falmedha. Ofiif osoo hintaane, falmii eenyummaa sabasaarratti dulloome. Umurii kanattis abbaa isaa sirna Mootii Gonfoon dhabee, haadha isaa waliin mana hidhaa seene. Innis, mana warra sirna kana adeemsisuu gube. Kaayyoon isaas galmaan gahee qabsoo fuulduraaf fulla’e (Yaasoo, 2015, f.9-10). Haala kanaan, Daaroo waliin jaalala dhamdhamachuufi bultii ijaarrachuurra qabsoof ofkenne. Yeroo namni qabsoo isa barbaachisutti immoo Daaroo gara qabsootti fidee waliin wareegame (Yaasoo, 2015, f.12).

Egaa, seenessa kanarraa akka hubatamu, dubartootni Oromoo eenyummaa isaaniin guddatan, fedhiifi jireenya mataa isaanii dhiisanii sabaaf, biyyaaf warren jiraatan, kutannoo olaanaa qaban, seerri uumamaa (akka ulfaa) osoo isaan hindaagessiin hirmaatan, sabboonummaa Oromummaa warren qabaniidha. Kanaanis, Oromoon ‘waloomaa’fi walqixxummaa koorniyaaf iddoo kennuu, kaayyoo qabatan galmaan gahuuf kutatoo, onnee cimaan socho’uu, miira danda’uufi ofitti amanamummaa warreen

gonfataniidha. Haalli kun akka "mallattoo bilisummaa" ta'an taasise. Gabrummaa karaa isaanii eegale cabsuun kabaja isaanii koorniyaa lamaaniinuu eegu.

Dubartootni ogummaa barbaachisu warreen gonfachuu danda'an ta'uus akeeka. Leeylaan saayinsii siyaasaa kan baratte, Fooziin ogeettii fayyaa, Daaroon intala aadaa beektuufi safuun guddattedha. Ogumni Oromoo sabboonummaafi gahee isaan falmii eenyummaa keessatti qaban agarsiisee jira. Sansakni dubartootaas sansaka sabaafi biyyaaf dursa kennuu, ofii du'anii kaan jiraachisuu, jaalala amanamaa qabaachuu, ogummaa hundagaleessa horachuu qabu.

"Burreen Bifa Tokko Miti" keessatti Ayyaantuun sansaka garraamummaa qabaattus, cichoomni aadaa isheef qabdufi tokkummaa cimsuuf yaaliin isheen taasifte obsaan kan guutamedha. Adeemsa Bagidduu waliin turte keessatti, tuffii aadaa Oromoof inni qbu qeeqaa turte. Aadaan wabii ta'uu, jireenyi gamtaa safuu hawaasaa kabajuu akka qabu falmaa turte. Hariiroo yaraa Nuguseefi Tolasaa jidduutti uumames falmaa, erga rakkoon ajjeechaa jidduu isaaniitti raawwatee karaa 'sirna araaraan' nageenyi akka dhufu taasisuun sansaka afuurummaa(sprituality) dubartootaa agarsiisa. Kanaaf, karaa naamusaa, safuufi safeeffannaa, amantii walumaagalatti kabaja aadaan sansakni Oromummaa ibsamuus akeeka.

Haala walfakkaatuun sansakni Taliileefi Kuulanii (Godaannisa) cimina dubartootaa daran mul'isa. Taliileen gidiraa sana keessatti ulfaan karaa qaxxaamurtee Finfinneetti garaatti baattee, deessee, barattee, osoo abdii hinkutiin Abdiisaatti mucaa ishee, Seenaa, agarsiiste. Bu'aa bahiin Taliileen keessa turte akka kanarra geessuuf haala mijataa hinturre. Kutannoon isheen qabduun rakkoo sana keessatti "Seenaa" guddiste. Asirraa kan hubatamu, Taliileen dirqama dhaloota fufsiisuu baateetti. Dirqama dahuufi guddisuu qofaa osoo hintaane, amanamummaan 'abbaatti' intala ishee mul'isteetti. Dhiibbaa inni jireenya isheerratti fides dhiisuun jaalalaan itti dhihaatte. Kun ayyaanummaa ykn afuurummaa (sprituality) dubartootaa akeeka.

Leeylaanis ta'ee Taliileen ulfa waliin qabsoo taasisan. Ulfi isaaniis, 'gatata" ta'uurraa ulfaafi ilmoo, dhaloota ta'ee seenaafi seerri akaak-abaabilee torbaa akka itti fufu taasisan. Haala walfakkaatuun Kuulaniinis qabsoon isheen taasifte sansaka falmitootaa qaba. Ofii gabra namaa ta'uun tajaajiluu, kabaja dhuunfaa gatuun qabeenya argattu Abdiisaaf dabarsaa turte. Fakkoomiin kun falmitootni sansaka Oromummaa qaban sabaafi biyya isaaniif kabaja dhuunfaa isaanii gatuu, ofii salphatanii

sabasaanii salphinaafi gadadoo keessaa baasuuf aarsaa kanfalame agarsiisa. Karaa biraa, falmiin eenyummaa kallattii garaagaraan: beekumsaan, maallaqaan, qaamaa-qalbii kennuun ta'uu mirkaneessa.

Egaa, fakkoomiin namfakkii dubartoota kanaa dhaloota falmii eenyummaa Oromoo keessatti seenaa Oromoo dabarsan agarsiisa. Falmitootni "seenaa" dhaloota dhaalchisuun aarsaa guddaa keessa dabarsuu akeeka. Ofii aarsaa ta'anii aadaafi eenyummaa dabarsan. Amanamummaan sansaka isaanii cimaa ta'uus mul'isa. Haala kanaan dhaloonni lufe isa ammaatti dabarse. Dhaloonni ammaa immoo dirqama dhaloota dhufu dhaalchisuu qaba. Sansakni dubartoota Oromoo falmii seera uumamaan osoo hindaaga'iin taasisan raawwataniiru. Kanaan wayyummaa qofaa osoo hintaane, fakkoomii dhalootaa ykn sabummaa *(nation)* akka qabaatan hafeefi seenessi asoosamoota kana ani agarsiisa. Fakkoomiin Dachee-Dubartiis kanuma mirkaneessa.

Walumaagalatti dubartootni Oromoo sabboonummaa jabaa, kutannoo dhaloota fufsiisuu cimaa qabaachuu akeeka. Teshoma (2013) karaa namfakkii Hawwiin asoosama Hawwii keessatti ibsetti, Hawwiin Latii amanamummaan eegde. Haata'umalee, daba Amaareen isaan jidduutti raawwateen ofajjeestus "qabsoon taasifte kan ishee boonsu" ta'uu xalayaa ishee keessatti ibsitee jirti. Kanamalees, afaaniifi eenyummaan ishee yeroo tuffatamu haadha biyyaa ta'uu ishee falmitee jirti. Kun cichooma eenyummaafi walooma dhiiraa-dubartii itti fufsiisuuf dubartootni qaban agarsiisa.

Kallattii tarsiimoo qabsoon sabboonummaa sansaka Oromoon masakame adda baasuun ni danda'ama. Sansakni Roobaa Guddisaafi Kumsaa Baroodaa (Dibaa) walcina xiinxalamuun barbaachisaadha. Kumsaan falmii eenyummaa taasifamu keessatti qooda qaba. Haata'umalee, yeroo hunda namoota jiru shakka, nisodaata. Kun immoo fedhii jireenya isaa boruuf qabu malee qabiyyee dubbii "kaayyoo malee hinjiraatiin; bu'aamalee hindu'iin" jedhu miti. Kanaaf, adeemsa qabsoo keessatti hanga gaafa rakkoon dhufuutti falma eenyummaa keessatti hirmaata. Yeroon rakkoon dhufu immoo gara biyya alaatti baqachuu kaayyoo isaati. Sansakni alagaatti baqachuufi hiree ofii qaama birarraa eeguu, walumaagalatti dhuunfaleessummaa faallaa sansaka Oromummaa kan walooma wiirtuu taasifatuuti. Namoota hunda shakkuun, namoota nama basaasa jedhaman hamata. Aayyaa (Melbaa Guyyoo) dabalatee namoota hedduu shakka. Egaa, sansaka kanarraa akka hubatamu tokko fedhii maqaa qabsoon alatti

bahuun, ala taa'anii qabsaa'uu fedha. Tooftaan qabsoo kun immoo Aayyaa (Jaal Kallachi)'f kan dulloomedha (Yaasoo, 2015, f.12).

Sansakni Kumsaa Baroodaa aarsaa dhufe hunda fudhachuu osoo hintaane haala mijaawaa keessatti falma taasisuudha. Falmi akkasii immoo hanga dhumaatti tarkaanfatee kaayyoo galmaan hinga'u. Aayyaan, "Dhaloota boruu baqa hinbarsiifnu"'tti waan amanuuf walfaallessa. Asafa (2007) barbaachisummaa kallattii qabsoo jijjiiruu yemmuu ibsu dhimmi guddaan qabsoon saba qabsaa'aniif keessatti argamuun raawwachuu akka qaban amana. Kunis, tokko hariiroo falmitootni uummata waliin qaban akka jabaatu taasisa. Inni biraa, hooggantootaa dhaloota haaraa argachuu, qabsoo dhaloota dhaalchisuu, haala qabatamaa yeroon barbaaduufi tarsiimoo feesisuun masakamuuf gargaara. Haalonni kun qabsichaafi uummata qabsaa'aniif walitti fiduuf fayyada.

Faallaa kanaan Roobaan Guddisaa, Jaarman keessatti abbaa isaa waliin dabarsuun falmii eenyummaa taasifamu keessatti danqaa guddaa ta'uu nama ijoollummaan hubatedha. Roobaan kana kan hubate "xalayaa shirii keenya" jettu, kan Jaal Guddisaan seenaa qabsoo Oromoo ibsitu barreesse dubbisuuni. Abbaan isaa, Guddisaan, nama biyya Jaarman taa'ee qabsaa'u ta'us, Roobaan tooftaan kun dadhabaa ta'uu hubatee dirqiin abbaa isaa biyyatti deebise. Haata'umalee, akkuma Finfinnee gahaniin qabaman. Isaanis, Oppireeshiinii Leencoon fa'i ittiin bahaniin gara magaalaa Hinquuftuu seenuu danda'aniiru (Yaasoo, 2015, f.168-70).

Egaa, seenessi kun kan agarsiisu tokko iddoon falmii eenyummaa saba falmaniif keessatti ta'uudha. Tooftaan qabsoo godaansaa wiirteffateefi alaa-keessatti taasifamu bu'aa kan buuse ta'uu dhabuudha. Yaadni kun geerarsa Haacaaluu "…alaa eegaakee dhiisi!" jedhuun waltumsa. Kanaan yaadni Kumsaa Baroodaafi Roobaa Guddisaa walfaallessa. Inni lammaataa, qabsoon karaa fayidaa dhuunfaa itti argatan osoo hintaane, kan aarsaa ta'anii saba itti fayyadaniidha. Ofiif osoo hintaane, dursa biyyaafi lammiif jiraachuurraa eegaluu cimsa. Garaagarummaan Roobaafi Kumsaan kanuma agarsiisa. Sansakni Roobaa fayidaafi qananiirra sabicha waliin aarsaa kanfaluuf yemmuu Jaarmanii dirqiin abbaa fidee dhufu, Kumsaan immoo baqaaf haala mijeeffachaa ture. Gochaan baqaafi qabsoo siyaasaa akka dhaabatu gochuun, sansakni falmitoota eenyummaa Oromoo sabaaf, biyyaa aarsaa kanfaluufi iddoon falmiin sabicha keessatti ta'uu akeeka. Haala kanaan asoosama "Dibaa" keessatti 'jijjiiramni tarsiimoo

qabsoo' biyya alaa keessatti xiyyeeffatu iddoo argateera.

Walumaagalatti sansaka Oromummaan masakameen waloomni dursa biyyaafi sabaaf kennuun mul'ateera. Akkasumas, walooma dhiiraafi dubartii falmii keessatti mul'ateen galma waloo bira gahaniiru. Waloomni kun dhaloota garaagaraa walitti fiduus danda'eera. Bu'aan falmiis gocha hirmaannaa qaamota garaagaraa malee kan nama dhuunfaa akka hintaane akeeka. Kanaan sabboonummaa Oromoo keessatti sansakni waloominaan ijaarame hariiroo dhalootaa kan mirkaneessuufi dhimma ijoo asoosamoota Oromoo ta'uu akeeka. Faallaa kanaan sansakni ofumeen immoo danqaa galma falmii eenyummaas ta'uu mul'ateera.

**Dhiibbaa Sansakni Ofumee Kaayyoo Waloorratti Qabu**

Sansakni Ofummaa matayyarraa gara addunyaalessaatti fuulleffata. Kana jechuun osoo fedhii dhuunfaa galmaan hin ga'iin kan biyyaafi sabaaf iddoo hinqabu. Kun sansaka Oromummaarraa maqa. Kaayyoon isaas dhimma dhuunfaa malee kan waloo, hawaasaa miti. Sansaka Oromoo Booranaa dhalootarraa kaasee lallabu olitti kaasneenis waldhiita. Kanaaf, kaayyoo waloos waan danquuf kutaa kana keessatti dhiibbaa inni qabu hafee asoosamaafi seenessama isaarraa xiinxalame.

Asoosama "Godaannisa" keessattis sansakni aarsaa falmii eenyummaaf kanfaluufi fedhii jireenya dhuunfaaf roora'uu mul'ateera. Abdiisaan Soolan (dammaqinsaan dura) dhiibbaa hawaasummaa irraa kan ka'e sansakni isaa ofummaa wiirteffata. Kun immoo kan dhufe Abdiisaan abbaafi haadhamalee guddachuun sansaka yaadda'uu, qofaa ta'uu, oftuffachuu, ofitti qaana'uu, ofitti amanuu dhabuu walumaagalatti gadaantummaa akka horatu taasiseera. Fedhiin isaa guddaan rakkoo hawaasummaa keessaa maatii isaa baasuudha. Eenyummaa isaa baree, dammaqee dirqama isaa waan hinbaaneef, "Maaliif rafta? Ija saaqqadhu, dammaqi, ofbeektaa? Eenyu ati? Eessaa kaatee eessa deemta?" (Dhaabaa, 2020, f.422) kan jedhu karaa namfakkii 'jaarsa raageen' yookaan gameessa dhaloota lufe bakkabu'een gaafatame. Gaaffiin kun kan dhaloota lufee ta'ee warreen sansaka Oromoo hinqabneef dhihaate. Abdiisaan gaaffii kanaaf deebii hinkennine. Sababni isaa lafeen abbaa isaa isarra jira. Abbaan isaa Soolan Disaasaa lafa dabarsee kennuurra lafa isaarratti wareegamee lafee dabarse. Abdiisaan yeroof kaayyoo kana galmaan hingeenye. Yeroo hinmalletti jaalalaan harka Wayinisheetitti kufe. Boodas, haaloo jaalalaa bahuuf Taliilee danqee ofiifis gidiraa keessa seene. Kun akeeka dhaloota

kaayyoofi galma hinqabnee, hariiroo akka maleen kufanii agarsiisa.

Faallaa Abdiisaa, hiryoonni isaa akka Henook Galataa, Shaafii Abbaaluulaa, Cuuttaa jireenya isaanii dhuunfaa gatuun falmii eenyummaa keessatti qooda fudhataniiru. Abdiisaan Soolan garuu, jaalallee argachuu, jireenya gadadoo isaafi maatii isaa keessaa baasuuf abjoota. Haata'umalee, jireenya isaafi maatii isaa hinfooyyessine, ofiifis jireenya hawwu hinjiraanne. Jireenya namoota biroollee rakkoo keessa buuseera. Sababa isaan Taliileen rakkoo cimaa keessa seente. Seenessa kanarraa kan hubatamu falmii eenyummaa keessatti rakkoon sabaa ykn biyyaa hanga hinfooyyofnetti mijaa'ina jireenya dhuunfaan gidiraan sabaas ta'ee nama dhuunfaa ittifufa. Kun sansaka waloominaa 'biyyaaf jiraachuu' irraa ka'uun barbaachisaa ta'uu akeeka. Abdiisaan Soolan erga barnoota xumuree hojii mootummaaf mindeeffameellee rakkoon isaafi maatii isaa hinfooyyofne. Dhimma Taliileefi Kuulaniitiifis furmaata argamsiisuu hindandeenye.

Kanarraa kan hubatamu sansaka qaruu keessatti hariiroon dhaloota sadii: lufee, ammaafi egeree barbaachisaa ta'uudha. Jireenyi dhuunfaa Abdiisaa kan jeeqame sarbama abbaa isaarra gaheen ilma abbaa malee guddate ta'eetu. Dhaloonni darbe cabuun dhaloota ammas ta'ee egereef rakkoo uuma. Kanaaf, akka dhuunfaattis ta'ee akka waloo/gamtaatti rakkoon saba Oromoo walqabata. Haalli kun falaasma waloomaa Oromoo murteessaa ta'uufi sansakni Oromoos waloomarratti ijaaramuu akka qabu agarsiisa.

"Burreen Bifa Tokko Miti" keessattis sanakni ofummaa baayyeen mul'ateera. Keessattuu karaa namfakkii Tolasaafi Nuguseetiin fedhii dhuunfaaf roora'uun lameenuu akka Ayyaantuu dhaban, booda irras wal ajjeesan isaan taasiseera. Diina waloo isaaniin loluu caala walitti deebi'uun, walhatuun balaaf isaan saaxile. Faallaa kanaan Obboo Ganamoon diina isaa lafa irraa fudhateen lolaa umurii isaa lakkoofsise. Falmii kanas ilma isaa, Nuguseetti dabarsuun deeggaraa turus, Nuguseen sansaka Oromoo gonfachuun dhabuun dhuma irratti Tolasaan ajjeefame. Tolasaanis, harki isaa dhiigee Ayyaantuufis ta'ee ofiif ta'uu dhabe. Waloomaan diina waloo loluu caala waldhabuun waldhabamsiisan. Hafeen asoosamaa kun dhaloota biyyaafis ta'ee ofiif ta'uu dhaban saaxila. Kun immoo akka Asafa (2021) ibse, mataa bahu dadhabnaan "du'aan bahuuf" dirqamsiisuu agarsiisa.

Namfakkiiwwan sansaka ofummaa qaban dhuma irratti kaayyoon isaanii galma hin ga'u. "Dibaa" keesaatti sansakni Askuulee, kan fedhii dhuunfaaf bitamuu, namaaf ergamuu, diina jala deemuu, kashalabummaa,

qabeenyaaf nama ajjeesuu, sobuufi yakkuu irratti mul'atu dhumarra harka warra ergachaa tureen duute. Amalli kun dubartummaarraa kan dhufe osoo hintaane, sansaka isheerraati. Askuuleen Saayinsii Siyaasaan hanga Digirii lammaffaatti baratteen garee Kiisuutti makamtee namoota falmii eenyummaa gaggeessan gaaga'aa turte. Miidhagina, beekumsaafi dubartummaa ishee kabaja ta'e busheessuun namoota hedduu gaagaateetti. Dhuma irrattis matuma ishee sirnichi nyaateera. Isheenis 'du'aan baate" jechuudha. Sadarkaa du'aarratti gocha isheetti gaabbite. Karaa biraa, hanqina dammaqinaan sansakni "Meeroon"/Weejee (Godaannisa) kan Oromoorraa maqee ture. Meeroon eenyummaa ishee gattee, aadaafi eenyummaa alagaatti firoomuun eenyummaashee dhabde, aadaa, duudhaafi Afaan Oromoo lagatte. Haata'umalee, akka Askuulee (Dibaa) itti yaaddee miti. Ta'us, dhaloonni sansaka madaqoo qabu sabaaf bu'aa hinbuusu. Dhuma irratti gaabbiin eenyummaa isheetti deebite.

Walumaagalatti falmii eenyummaa taasifamu keessatti sansakni qajeelaafi Oromoo tokkorraa eegamuufi faallaa isaa ta'es namfakkiiwwan asoosamoota qorannoo kanaaf filataman keessatti calaqqiseera. Kun immoo koorniyaa lameenuun yemmuu ta'u tokko yeroo rakkoon mudate biyyaaf, sabaaf dursa kennuun jireenya dhuunfaa ofii haaluudha. Darbees hanga lubbuu ofiifi maatii dhabuutti raawwateera. Faallaa kanaan ayyaanalaallattummaan fedhii dhuunfaafi qabeenyaaf (meeshaaf) bololi'uun falmitoota hedduu galaafachuun, dhuma irratti seenaa dhabanii, lubbuunis badaniiru.

Falmiin kunis, tokkoon dhimma lafaa, qabeenya Oromiyaan qabduuf kan taasifameedha. Dacheen Oromiyaa akka hinsarbamne, alagaaf hintaane, kabajamtu taasisuuf falmame. Inni lammataa falmii "lafee"ti. Lafeen seenaafi seera dhalootaati. Kun immoo karaa fakkoomii dubartiin kabaja dubartiif kan falmamuudha. Ammoo falmii dubartootni taasisanii dhalootaa dhalootatti dabarsaniiru. Ulfi Leeylaafi Taliilee kanuma agarsiisa. Kanaaf, sabboonummaan dubartoota Oromoo cimaa ta'uu qofa osoo hintaane, oguma Oromoo keessatti sabboonummaan dachee-dubartii/lafaa-lafee handhuura falmii Oromoo ta'uu akeekeera. Kun immoo yaadrimee waloomaafi waltarrummaan dhimmi namaa ykn sabaafi lafa isaa mul'achuu agarsiisa. Waloomni namaa-namaafi lafaa-nama yemmuu agarsiisu, waltarreen immoo saaminsa lafaafi sarbama nama kamuu falmuuf oola. Sansakni Oromummaa ibsituu eenyummaan Oromoo ta'uu akeekee jira.

**Guduunfaa**

Karaa sansaka namfakkiiwwaniin amalli sansaka sabboonummaa Oromummaa maal akka fakkaatu agarsiifameera. Hariiroo dhaloota jidduu jiru itti fufsiisuun diddaan gabrummaa walirraa dhaalamuu akeeka. Faallaa kanaan warreen jiruu dhuunfaaf qofa roora'an, tarsiimoo alagaatti madaqan danqaa ta'uun mul'ateera. Falmiin eenyummaa roga maraan taasifamu sansaka sabboontotaan murtaa'a. Sabboontotni sansaka qajeelaa qaban yeroo rakkoon biyyaafi saba mudatu ofummaa isaanii haaluun biyyaafi saba isaaniif hanga lubbuu tokkicha qaban aarsaa ta'anitti laachuu agarsiisa. Jaalala dhalootaafi biyyaaf jireenya dhuunfaa isaaniifi maatii isaanii dhabuun mul'ateera. Miira obbolummaa, walkabajuufi walii yaaduu, Oromummaatti amanuu, sobaafi gantummaa balfuun falmii eenyummaa Oromummaa wiirteffateef amanamaniiru. Faallaa kanaan qabeenyaaf bitamuun, sobaafi malaanmaltummaan, aadaafi afaan ofiirra kan hormaa filachuun, aadaa hormatti michoomuun falmii eenyummaa kanatti kan danqaa ta'anii seenaafi maqaa isaanii xureessanii jiru. Kun ogumni Oromoo calaqqee (relection)fi balaqqisa (refraction) jireenya hawaasa Oromoo ta'uun mul'iseera.

Sansakni sabboontotaa/falmitootaa eenyummaa Oromoof falmuun tokkummaa Oromoo dhugoomsuuf iddoo guddaa qabaachuus agarsiiseera. Asoosamoota Oromoo keessatti karaa namfakkiifi namfakkeessuun dhimmi sansaka dhihaachuun karaa dirqmni lamummaa dhaloota barsiifamu ta'uu akeeka. Caalattuu, qorannoon dhimma sansaka Oromoo, Oromummaa wiirteffate ogbarruu Oromoo keessatti xiyyeeffatamaa ta'uus akeeka. Sansakni Oromoon Booranaa dhalootarraa labsu, "lafaaf, namaaf, gosaafi warraaf waa bahuu," jedhu gahee namfakkiilee ta'uun asoosamoota filataman keessatti mul'ateera. Kanaaf, sansakni addunyaalessumummarraa gara matayyaatti ibsamu ibsituu sansaka Oromoo ta'uu akeeka. Wiirtuun isaa immoo waloomina ilmoo namaafi namaafi lafaa ta'uu agarsiise. Kanaan qooddii koorniyaan alatti namfakkiiwwan sansaka isaaniin akka mul'atan ta'eera. Sansakni matayyaarraa eegalu miira ofqofa jaalachuu waan qabuuf sansaka Oromummaaf masaanuudha. Kanaaf, dhimmi sansaka Oromummaa asoosamoota Oromoo keessatti dirree qorannoo ta'uu waraqaan kun fulcha agarsiisa.

**Galata**

Waraqaan kun akka galma gahuuf qaamota gahee bahan keessaa isaan jalqabaa gorsitoota kiyya Ashannaafii Balaayii (PhD, Piroofessara, Assoosheetii) fi Ayyalaa Kabbadaa (PhD) guddoon galateeffadha. Yuunivarsiitiin Bulee Horaa

nabarsiisuufi baajata qopheessuu isaatiin galatan qabaaf. Wixinee qorannoo kanaas ta'ee gulantaa ceesisaa *(upgrade)* irratti dubbisuun madaaluufi yaada ijaarsaa kennuu isaaniitiif Asafaa Tafarraa (PhD)fi Tashoomaa Egeree (PhD) ulfaadhaan jedhaan.

## Wabiilee


Abbas, H. (2002). Islam, the orthodox Church and Oromo nationalism (Ethiopia). *Cahiers d'études africaines*, *165*(1), 99-120.

Asafa, J. (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism*. Atlanta, Georgia: Oromia Publishing Company

Asafaa, T. (2009). *Eela: Seenaa ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Far east printing plc.

Asafaa, T. (2012). Some Notes on Oromo cultural Nationalism. https://papers.ssrn.com/sol3/papers.cfm?abstract_id=2766592

Asafaa, T. (2015). 'Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture, Ethiopia, Northeast Africa'. PhD Thesis, Indiana University

Asafaa, T. (2020). *Atee-Loon*. Finfinnee. Raajii Printing.

Asafaa, T. (2021). *EDAS-EDANAS*. Finfinnee: Daystar priting and Trading.

Ashenafi, B. (2014). An Ecocritical Reading of Representations of Human-Nature Relations in Selected Novels Set in. *Thesis of the degree of Doctor of Philosophy in Literature, Addis Ababa University*

Azibo, A. D. (2018). Towards a meta theory of African Personality, Azibo's Metatheory of African Personality: A Holistic, Evolutionary, African-centered, Racial heory with Quantitative Research and Case Study Support (Africology: The Journal of Pan African Studies e-book)

Dhaabaa, W. (2020). *Godaannisa ["Scare"]: Asoosama Haaressame*. Finfinnee: Ilsabaa printing, PLC.

Dirribii, D. (2016). *ILAALCHA OROMOO: Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.* Ilsabaa publishing. Finfinnee.

DuBois, W.E.B. (2009). *The Souls of Black Folk*. The Journal of Pan African Studies. eBook

Gaaddisaa, B. (2015). *Burreen Bifa Tokko Miti ["Variety Comes In many colors"*]. Finfinnee.

Gemetchu, M. (1996). "Oromummaa: Tradition, Consciousness and Identity". In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 92-102. Uppsala. The Red Sea Press Inc.

Gemetchu, M. (2005). Oromo world view. *The journal Oromo studies. 12(1),* pp 68-79

Gemetchu, M. and Aneese, K. (2019). *Sacred Knowledge Traditions of the Oromo of the Horn of Africa*. Addis Ababa: Rehobot printers

Hawani D, and Aneesa, K. (1996). *Hawan's Story*. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 26-36. Uppsala. The Red Sea Press Inc.

Isaayyaas, H. (2010). *Yoomi Laataa?* ["*When shall it be?"]* Finfinnee: Ethiopian Writers Association

Kambon, K and Bowen-Reid, T. (2010). Theories of African American Personality: Classification, Basic Constructs and Empirical Predictions/ Assessment. *The Journal of Pan African Studies,* vol.3, no.8

Kambon, K. (1992). The African Personality in America: An African Centred Frame work. Tallahahassee, FL: Nubian Nation Publication.

Kambon, K. (2003). *Cultural misorientation*. Tallahassee, Fl: The author.

Kambon, K. (2006). Kambon's Reader in liberation psychology: Selected Works, Volume I. Tallahahassee, FL: Nubian Nation Publication.

Kuwe, K. (1997). The Siiqqee Institution of Oromo Women. *Journal of Oromo Studies*. Vol. 4, Nos 1 and 2, July, 1997. pp. 132-165.

Lachiisaa, F. Ashannaafii, B. fi Ayyalaa, K. (2023). Sabboonummaa Aadaa Akka Mil'uu Kaleessaatti: Walooma, Diddaa Aadaafi Ce'umsa Hawaasaa, Asoosamoota Oromoo Filataman Keessatti. *Gadaa Journal/ Barruulee Gadaa* Vol. 7, No.1 pp. 88-104

Mekuria, B. (1996). Survival and Reconstruction of Oromo National Identity. In P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 48-66. Uppsala. The Red Sea Press Inc.

Mohammed, H. (1996). The development of Oromo Natitionalis. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry,* pp. 67-80. Uppsala. The Red Sea Press Inc.

Merchant, C. (1996). Ecofeminism and Feminist theory. In I. Diamond & G. F. Orenstein (Eds.) Reweaving the world: The emergence of ecofeminism. San Francisco: Sierra Club Books, 100-105

Østebø, M.T. (2009). Wayyuu_ Women's Respect and Rights among the Arsi Oromo. Trondheim: *Proceedings of the 16th International Conference of Ethiopian Studies.*

Smith, A.D. (2009). *Ethno-symbolism and Nationalism, A cultural Approach*. Taylor & Francis e-Library. New York: Routledge press.

Teshome, E. (2013). A Feminist Reading of Selected Novels in Afan Oromo: A Study in Deconstruction. Unpublished PhD Dissertation Addis Ababa University.

Tesfaye, T. (2019). 'A History of Oromo Literature and Identity Issues (c.1840-1991)'. PhD Thesis. Addis Ababa University.

Walelign, M. (1954). "On the Question of Nationalities in Ethiopia" Struggle, 17.1.1.1969. London: Wan Ergattuni Tolcite ("Acts").

Wake, J.G. (2018). Theorizing Namummaa: Oromo Relational Philosophy (Oromos' Gift to the World*)". African Journal of History and Culture*. Vol 10(7), pp.77-97

Workineh, K. (2010). Indigenous and modern environmental ethics: a study of the indigenous Oromo environmental ethics and modern issues of environment and development. Washington, D.C: Cultural Heritage and Contemporary Change Series II, Africa, Volume 13

Yaasoo, K. (2015). *Dibaa ["Secrete"].* Finfinne